



Full Length Research Paper

Qaaccessa Raawwii Duudhaa Gondoroo Gujiifi Gede'oo Gidduutti Waldhabdee Dhaabuufi Nagaa Buusuuf Raawwatamu

Ashebir Tadesse^{*1} Tadesse Jaleta²

¹Dilla University, College of Social Science and Humanities, Email: ashebirtadesse@yahoo.com

²Addis Ababa University, College of Humanities, Language Studies and Journalism and Communication,
Email: tadesse.jaleta2016@gmail.com

Submission Date: August 24, 2023

Acceptance Date: December 18, 2023

Axareeraa

Gujiifi Gede'oon hawaasa obboleeyyiidha. Akka tasaa gidduu isaanitti waldhabdeen hoo muudatu tooftaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuuf Gondoroo raawwatatu. Barruun kun raawwii duudhaa Gondoroo Gujiifi Gede'oo gidduutti waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuuf raawwatamu ibsuurratti xiyyeffata. Kaayyoo kana galmaan gahuuf qorataan mala qorannoo akkamtaa ibsaatti fayyadamuudhan raawwiin Gondoroo adeemsa qabu, gochaalee duudhaa raawwii Gondoroo keessatti raawwatamaniifi hiikkaa duudhaa gochaaleen qaban ibseera. Eenyummaafi gahee raawwachiistotataas ibseera. Qorannicha keessatti malleen qorannoo afgaaffi, marii gareefi sakatta'a qabiyeye kan hojiirra oolan hoo ta'u, tooftaa iddatteessuu kaayyootiin maddoota odeeffanno hawaasa Gujiifi Gede'oo keessaa hayyuwwan gosaa Gondoroo raawwachiisan filatamanii odeeffanno qorannoo irraa funaanameera. Arganno qorannoo kanaa akka mul'isutti Gondoroon kan raawwatamu obboleessa obboleessa ajeeseeif hoo ta'u, Gondoroon Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwatamu adeemsa walgahuu Abbootii Gadaa Gujiifi Gede'oo, falachuu, dubbii qoru, araara gochuu fi sirna Gondoro raawwachuun guduunfuu qaba. Raawwii Gondoroo booda hawaasni hariroo waliin jirenya duraan turetti deebi'a. Raawwii Gondoroo booda wal hammachu, soddoomuufi walgargaaranii gara jirenya nagaa dura turetti deebi'uun aadaadha.

Jechoota Ijoo: *Duudhaa, Waldhabdee, Nagaa Buusuuf, Gondoroo, Gujiifi, Gede'oo*

An Analysis of Gondoro Tradition as a Customary Conflict Resolution and Peace Building Practice between Guji and Gede'o

Abstract

Guji and Gede'o are brotherly communities. Suddenly, if there is a conflict between them, they carry out Gondoro, customary conflict-stopping and peace-making mechanism. This paper focuses on describing the implementation of the Gondoro tradition for conflict resolution and peace between Guji and Gede'o. To achieve this objective, the researcher used descriptive research methodology to describe the process of Gondoro performance, the traditional practices performed in Gondoro performance and the traditional meaning of the practices. The role and identity of the executives was also revealed by the study. Questionnaire, group discussion and content analysis methods were used in the research. The purposive sampling strategy was used to select clan scholars called Hayyuu gosaa from Guji and Gede'o communities. The findings of this study show that while Gondoro is performed for the brother who killed his brother, Gondoro between Guji and Gede'o should be summarized by the process of meeting Guji and Gede'o Abba Gada, falachuu (purification), dubbii qoruu (investigation), reconciliation and confirmation on Gondoro ritual. After the performance of Gondoro, the community returns to the previous relationships. After the Gondoro performance, it is customary to embrace, Bonding by marriage and help each other to return to the pre-peaceful life.

Keywords: Tradition, Conflict, Peacebuilding, Gondoro, Guji, Gede'o

1. Seenduubee Qorannichaa

Itiyoophiyaatti duudhaan, waldhabdee namoota dhuunfaa gidduuttis ta'ee gareefi garee saboota garagaraa gidduutti uumamu dhaabuufi nagaa buusuu keessatti gahee guddaa taphachaa akka tureefi har'as hariroo nagaa hawaasaa eegaa akka jiru qoranno ni ibsa (Asebe, 2007); (Asnake, 2004); (Gumi, 2016); (Solomon, 2009). Fakkeenyaaaf, Asebe (2007) akka ibsetti "duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu saboota adda addaa keessatti hidda gadi kan fageeffatanii fi hariroo hawaasummaa eeguuf gahee taphataa jiru". Asnake (2004) yaaduma kana yoo cimsu duudhaan hawaasaa safuu, aadaafi amantii hawaasaa of keessaa waan qabuuf hawaasni iddo guddaa duudhaaf kennaa. Duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu haala galumsa aadaafi safuu hawaasaatiin waan raawwatamaniif waldhabdee saboota gidduutti uumame dhaabuufi nagaa buusuuf gahee guddaa taphachaa kan turan ta'uus ibsu.

Asmerom (1973) akka ibsetti Gujiifi Booranni ragamtaafi afoola Oromoo keessatti lafa hangafaafi madda aadaa Oromooti. Asebe (2007) n akka ibsutti Gujiin Gosa Oromoo biraal irraa haala adda ta'een gosoota afur of danda'oo garuu immoo adda kan hinbaane, yeroo lolaa kan walergaaran irraa hundaa'a. Isaanis Uraagaa, Maatii, Hokuufi Allabduudha. Hinnant (1977) addunyaan afuuraafi haalli jireenya guuyyuu uummata Oromoo Gujii sirna Gadaa irraa kan madduudha. Akka Asebe (2007) n ibsutti Gujii keessatti nagaan hawaasaa kan eeggamu, waldhabdeen kan furamu qaama seeraa hammayyaa caalaa haala duudhaa hawaasaatiini.

Sadarkaa qe'eetti (local level) gosa hunda keessa jaarsa biyyaa (hayyuutu) jira. Gujiin gosa torba qaba. Gosti torbanuu hayyuu abbaa gadaa qaba. Uummanni Gujii uummata Gadaadhaan buluuf waaqayyoon

Qaalluu ergeef jedhanii amanu (Asebe, 2007). Gadaan immoo seera nagaafi safuu jireenyaa qaba. Namni seeraafi safuu kana ennaa cabse namni sun yookiin gareen isaa akka badu, akka manca'utti amanu (Hinnant, 1977). Gede'oone sabaafi sablammii Kibba Itiyoophiyaa jiran keessaa tokkoodha (Asebe, 2007; Solomon, 2009). Ragamtaa isaanii keessatti Gujiifi Gede'oone obboleeyyan ta'uutu himama (Asebe, 2007; Solomon, 2009, Ashebir, 2023). Ragamtaa obboleeyyii ta'uutu seenessu, aadaafi duudhaa waliin qoodatan qabaachuun isaanii hariiroo gaarii akka qabaataniifi darbee darbee rakkoon nageenyaa ennaa isaan muudate duudhaa Gondoroo waliin qoodatan kanaan furachaa as gahaniiru (Asebe, 2007); (Solomon, 2009); (Ashebir, 2023).

Duudhaan Gondooro ummata Gujiifi saba Gede'oo biratti durii kaasee waldhabdee garee sabaafi sabaa gidduutti uumame dhaabuufi nagaa buusuuf kan raawwatamu ta'uutu qorattooni (Solomon, 2009); (Asebe, 2007) fi (Gumi, 2016) ibsaniru. Haa ta'u malee qorattooni kunneen duudhaan Gondoroo adeemsa hordofee raawwatamuufi gahee qaamolee raawwachiistotaa hinibsan. Akkasumas adeemsa raawwii Gondoroo keessatti gochaalee duudhaa hawaasaa ta'aniif hiikkaa hawaasummaa kennuu barbaada. Kanaafuu qoranno kun adeemsota raawwiin Gondoroo Gujii fi Gede'oo gidduutti raawwatamu hordofu, gahee raawwachiistotaa, gochaalee duudhaa hawaasaa raawwii keessa jiranii fi hiikkaa galumsaa qaban qaaccessuudhan ibsuurratti xiyyeffachuu isaa qorannoowwan duraanirraa adda isa taasisa.

Barruun kun adeemsa raawwii Gondoroo, duudhaa hawaasaa raawwii Gondoroo keessa jiru, hiikkaa galumsaa gochaaleen raawwii Gondoroo keessatti raawwataman qabanii fi ilaalcha hawaasni Gujiifi Gede'oo raawwii Gondoroo irratti qaban qaaccessuun ibsuurratti xiyyeffata. Gondoroo akka toofaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuutti qaaccessuudhan ibsuurratti xiyyeffate jechuudha. Barruun kun gaaffilee qoranno: Raawwiin Gondoroo Gujii fi Gede'oo gidduutti raawwatamu adeemsi keessa darbuufi gaheen raawwachiistotaa maali? “Gochaaleen adeemsa raawwii Gondooro keessatti raawwataman hawaasa Gujiifi Gede'oo biratti hiikkaa hawaasummaa walfakkaatu qabuu?” “Raawwii Gondooro booda ilaalchi hawaasa garee lamaanii akkamiin ibsama?” gaaffileen jedhan barruu kanaan deebii argataniiru.

Malli waldhabdee hiiku duudhaa gochaalee aada wal dhabdee dhaabuu fi nagaa fi tasgabbii hawaasaa eeguuf itti fayyadmaniidha. Gochoonni duudhaa hawaasaa kunniin sabaa fi sablammoota Itoophiyaa adda addaa keessatti hidda gadi fageeffatanii kan jiran yoo ta'u, duudhaa durii kaasee walitti dhufeenyaa ummatoota hawaasa keessa jiran to'achaa turan irraa kan maddanidha. Duudhaan hawaasaa seera aadaa fi amantaa ummatootaa wajjin kan walqabatan yoo ta'u, fudhatumummafi amanamummaa isaanii mootummaa irraa osoo hinta'in hawaasaa irraa argatu (Asebe, 2007).

Yaad-rimee kana irraa kan hubannu duudhaan waldhabdee hiikuufi nagaa buusuufi hawaasni bakka jiraatuutti giddu seentummaa caasaa mootummaa malee yookiin mana murtii idilee malee karaa duudhaatiin waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuufi hawaasni jechuudha. Barfield (2004) duudhaan waldhabdee hiikuufi nagaa buusuufi hawaasaa aadaafi sona walfakkaataa qaban yookiin hawaasaa duudhaa waliin qoodatan keessatti akka ta'e kaa'eera. Hawaasni duudhaa isaa irratti hundaa'ee gochaalee hawaasa keessatti raawwataman aadaa ta'u yookiin aad-malee ta'u madaala jechuudha.

Barruun kun kan xiyyeffatu raawwiin Gondoroo toofaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuufi duudhaa Gujiifi Gede'oo ta'u ibsuurratti, adeemsota raawwiin Gondoroo Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwatamu keessa darbu ibsuurratti gochaalee duudhaa raawwii Gondoroo keessatti raawwataman hiikkaa aadaa hawaasni Gujiifi Gede'oo kennuuf xiinxaluudhan ibsuurratti. Akkasumas gahee qaamolee raawwachiistotaa ifa gochuudha.

2. Sakatta'a Barruu

2.1. Yaad-rimee Tooftaa Duudhaatiin Waldhabdee Dhaabuufi Nagaa Buusuu

Bello, P. O fi Olutola (2016) duudhaalee waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu Afrikaarratti barruu qorannoo maxxansan keessatti akka ibsanitti hawaasni Afrikaa sirna kolonii dura duudhaalee waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu bal'inaan itti fayyadamaa akka turan ibsu. Qajeelfamni duudhaalee kanneenii waliin moo'uu (win-win solution) irratti waan hundaa'aniif waldhabdee uumame dhaabuufi nagaa buusuuf meeshaa guddaadha jechuudha. Haaluma yaada kana deeggaruun kaayyoон dhaabbilee duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu kan balleesse adabuu osoo hinta'in dhugaa baasuu, waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu akka ta'e (Brock-Utne, 2001) ibsiteerti.

Ruwaandaan duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa ijaaruu *gacaca* jedhamu hojiirra oolchuun balaa duguuggaa sanyii lammilee ishee gidduutti uumame dhaabuufi nagaa buusuu dandeesserti (Bello, P; Olutola, 2016). Haaluma kana cimsuun kaayyoон walgahii yookiin jaarsummaa *gacaca* walitti dhufeenya dura ture deebisuu, waa'ee rakkoo uumame dhugaa baruufi gumaaф haala mijessuudha (Werchick, 2003).

Raawwiin waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu duudhaa kan gaggeeffamu qaamolee hawaasaa raawwi duudhaa keessatti gahee hawaasummaa qabaniin kan gaggeeffamu ta'u "the process to settle conflict through indigenous means is led by traditional kings, chiefs, priests, sheikhs' healers, big men, elders being a social elder, not a biological category" (Volker, 2007:438) ibseera. Haaluma aadaa hawaasaatiin qaamoleen hawaasaa duudhaa raawwachiisaan kunneen hawaasa adda addaaa keessatti adda addummaa qabu. Qaamoleen hawaasa keessatti duudhaa raawwachiisan kunneen aadaa, safuufi seera hawaasichaa siriitti kan beekan, seeraafi safuu hawaasaa kan kabachiisiifi kan eegan, beekumsa aadaa kan kuufataniifi dubbii isaanitiin nama amansiisanii kan araarsan akka ta'an (Volker, 2007: 438) ibseera.

Qorattooni Asnake (2004), Asebe (2007) fi Solomon (2009) akka ibsanitti Itiyoophiyaatti duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu adda addaa waldhabdee akka nama dhuunfaattis ta'ee kan garee sabaafi sabaa dhaabuufi nagaa buusuuf gahee guddaa taphataa turaniiru; har'as taphataa jiru. Yaaduma kana Asebe (2007) bal'inaan akka ibsetti duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu aadaa saboota adda addaa keessatti hidda gadi kan fageeffataniifi gahee nagaafi hariiroo hawaasaa eeguu guddaa taphataa jiru.

Ashebir (2023) duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu Gondoroо kuusaa beekumsa hawaasaa Gujiifi Gede'oo ta'u ibseera. Akka ibsa kanaatti Gujiifi Gede'oon waldhabdeen ennaa isaan muudate durii kaasee hanga ammaatti duudhaa Gondoroо jedhamee hawaasa lamaan keessatti beekamu raawwachuudhan gara nagaafi waliin jirenya dura turetti deebi'u jechuudha. Solomon (2009) Gondoroо Gujiifi Gede'oo gidduutti akka meeshaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuutti ibseera. Kanaafuu, xiyyeffannoон barruu kanaas duudhaa Gondoroо Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwatu kun adeemsa keessa darbu, gahee qaamolee raawwachiistotaa, gochaalee duudhaa hawaasaa (social practices) fi hiikkaa hawaasummaa (social context meaning) hawaasni lamaan kenu gadi fageenyaan xiinxaluudhan ibseera.

3. Malleen Qorannichaа

Qorannoон kun dhiyaanna mala qorannoo akkamtaa ta'ee mala qorannoo ibsaa hojiirra oolcheera. Qorannoo kana keessatti ragaawan lakkoofsaan funaannamanifi bakka bu'ummaa hawaasa qorannoo mirkaneesson hinjiran waan ta'eef qorannoo akkamtaa mala ibsaa fayyadameera. Yaaduma kana cimsuuf qorannoон akkamtaa ragaa lakkoofsaan hinargamne funaanuuf mala baayyinaan hojiirra ooluudha

(Straus fi Corbin, 1998). Kana jechuun ragaan qorannoo kanaaf funaannamu lakkofsaan kan fudhatamuu miti jechuudha. Karaa biraa taatee tokkoof hawaasni yookiin gareen hawaasaa ibsa kennu yookiin hubannoo qabu irratti ragaa funaannuuf mala qorannoo akkamtaa ibsaa fayyadamaa jechuudha. Fakkeenyaaaf qorannoo akkamtaatiin odeeefanno waa'ee muuxannoo jireenyaa, amala namaa, miiraafi fedhii, sochiiwan hawaasaafi taateewwan aadaa irratti funaannuuf itti kan gargaarramnu ta'uu (Straus fi Corbin, 1998); (Creswell, 2007) ibsanii jiru. Ragaan qorannoo ibsaafi hubannoo hayyuu gosaafi hawaasni toora qorannoo jiraatu kennu qaaccessuufi ibsuurratti xiyyeffata waan ta'eef qorannoo akkamtaa mala ibsaatti fayyadamameera.

3.1. Maddoota Ragaalee

Ragaan qorannoo kanaaf barbaachisu argachuuf odeeefanno maddoota tokkoffaa qaamolee hawaasaa raawwii duudhaa Gondooroo keessatti gahee taphatan irraa ragaaleen funaannamanii jiru. Dabalataanis raawwii Gondooroo viidiyoofi suuraan jiru immoo akka madda ragaa lammataatti qorataan fayyadameera. Maddooni ragaan tokkoffaa Hayyuwwan Abbaa Gadaa uummata Oromoo Gujiifi hayyeechaawan saba Gede'oo ennaa ta'an akka madda ragaa lammataatti immoo suuraafi viidiyoo raawwii Gondooroo bara 2009/10 Gujiifi saba Gede'oo giddutti raawwate qorataan fayyadamee jira. Dabalataanis qorannoowwan kana dura mata duree walfakkaataa irratti qophaa'an akka madda lammataatti itti fayyadamamee jira.

3.1. Malleen Iddatteessuu

Qorannoo kana keessatti qorataan tooftaa Iddatteessuu kaayyoo hojiirra oolchee jira. Sababni isaas maddooni odeeefanno qorannoo kanaa qaamolee hawaasaa raawwii duudhaa Gondooroo uummata Oromoofi saba Gede'oo giddutti raawwatame keessatti gahee taphatan irraa waan ta'eef tooftaa iddetteessuu kaayyoo fayyadamamee jira. Yaaduma kana gabbisuuf tooftaa iddetteessuu kaayyoo Cohen (2007) keessatti qorataan kaayyoo irratti hundaa'ee hawaasa qorannoo keessaa qaama ragaa qorannoo irraa funaan filata. Patton (2015) tooftaa iddetteessuu kaayyootiin qorataan qaama ragaa gahaa qaban jedhee yaadu filata.

Kanaafuu tooftaan Iddetteessuu kaayyoo qorannoo akkamtaa keessatti garee hawaasaa keessaa kanneen odeeefanno bal'aa qaban filachuuf hojiirra oola jechuudha. Haaluma kanaan qorataan qaamolee raawwii duudhaa Gondooroo keessatti gahee qaban hayyuwwan abbaa Gadaa tooftaa Iddetteessuu kaayyootiin filateera. Qorataan hayyuwwan abbaa gadaa gaaffilee afgaaffii banaa gaafatee deebii isaanii yaadannoo irratti kan qabateefi sagalee isaanii waraabbee jira. Dabalataanis marii gareetiin qaama qaamota raawwii Gondooroo keessatti gahee taphatan walitti fidee walyaadachiisaa dhimma raawwii duudhaa Gondooroo uummata Oromoo Gujiifi saba Gede'oo giddutti raawwatamu irratti yaadaafi gaaffii qorataan kaase akka deebisan gochuudhan odeeefanno qorannoo kanaaf barbaachisan funaaneera.

3.2. Malleen Funaansa Ragaa

Qorannoo kanaaf ragaan barbaachisu argachuuf tooftaawan funaansa ragaan akka Afgaaffii, Marii Gareefi qaaccessa qabiyyee Kuusaa galme hojiirra oolaniiru. Dhiyaanna qorannoo akkamtaa keessatti faayidaa afgaaffii ilaachisee Creswell (2011) akka ibsetti afgaaffiin qorannoo akkamtaa kan hojiirra oolu qorataan odeeefkennitoota tokko ol gaaffilee banaa gaafachuufi deebisaanii hoo waraabatuudha. Qorannoo kana keessatti qorataan odeeefkennitoota raawwii duudhaa Gondooroo keessatti gahee taphatan gaaffilee banaa gaafachuudhan deebii isaanii waraabbee kompitaraan barreessee qaaccessseera. Qorataan tooftaa funaansa ragaan afgaaffi Marii Garee fayyadamee qaamota raawwii duudhaa Gondooroo

keessatti gahee qaban hayyuwwan (*hayyeechaawwan*) abbaa gadaa uummata Oromoo Gujiifi saba Gede'oo irraa odeeffannoo qorannoo kanaa funaaneera. Dabalataanis akka madda ragaa lammaffaatti qabiyyee kuusaa gal mee raawwii Gondoroo bara 2009/10 uummata Oromoo Gujiifi saba Gede'oo gidduutti raawwatame gal mee aadaa Godina Gede'ooti argametti fayyadameera.

3.3. Malleen Qaaccessa Ragaalee

Qorannoodhaaf ragaan funaannname kaayyoo qorannoo akka galmaan gahuufi gaaffilee qorannoo akka deebisuuf qaacca'uu qaba. Haaluma Kanaan qorataan ragaawan afgaaffifi marii garee akkasumas ragaawan suuraafi sagaleen jiran raawwii Gondoroo 20010 Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwatame gal mee aadaa irraa fudhachuudhan barreffamatti jijiiree, mata duree mata duree adda jalatti qoqqooduun qaaccessee jira. Qoranno kana keessatti tooftaan qaaccessa qabiyyeefi mata dureessuu (thematic) bal'inaan hojiirra oolaniiru. Qaaccessa qabiyyeetiin qorataan waraabbii suur-sagalee raawwii Gondoroo 2010 Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwateefi dubbi hayyu gosaa yeroo afgaaffifi marii garee taasisan qaacceessuudhan ibsuuf itti fayyadameera. Toofaa qaaccessaa mata dureessutiin immoo ragaalee afgaaffifi marii gareetin funaanaman mata duree adda jalatti quoduudhan qaaccessee ibseera.

3.4. Daangaa Qorannichaa

Qoranno kun Godina Gujii Lixaafi Godina Gede'oo irratti xiyyeffata. Godina Gujii keessaa aanaa Dugda Dawaafi aanaa Bulee Horaa filateera. Aanaaleen kunneen kan filatamaniif geejjibaaf mijataa ta'uufi odeefkennitooni qorannoo bal'inaan waan keessatti argamaniifi. Aanaa Dugda Dawa keessatti gorsitooni Abbaa Gadaa bal'inaan argamu. Aanaan Bulee Horaa immoo teessuma abbaa gadaa Gujii yeroo ammaa, teessuma Abbaa Gadaa Jiloo Maandhooti.

Godina Gede'oo keessaa aanaa Diillaa Zuriyaa fi Aanaa Gadab dhiyeenya qorataaf qabaniifi hayyuwwan abbaa Gadaa Gede'oo bal'inaan itti argaman ta'uudhan filatamaniif odeeffannoqorannoo keessaa funaanameera. Aanaan Diillaa Zuriyaa teessumma Songoo (dhaabbata haqa hawaasaa itti ilaalamuufi bakka marii hawaasa Gede'oo) fi gorsitooni Abbaa Gadaa Gede'oo aanaa kana keessa waan jiraataniif odeeffannoqorannoo funaanuuf mijataa ta'uusaatiin qorataan filateera. Aanaan Gadab, teessuma Qaalluu waan ta'eefi lafa raawwiin Gondoroo Gujiifi Gede'oo itti raawwatamu waan ta'eef qorataan filateera. Walumaa galatti Gujii irraa hayyu gosaa 7 kan filataman hoo ta'u, Gede'oo irraa hayyeechaawwan gosaa 4 odeeffannoqorannoo kanaatiif filatamaniiru.

4. Qaaccessa Ragaalee

4.1. Maalummaa Gondoroo

Akka duudhaa uummata Oromoo Gujiifi saba Gede'ooti obboleessi obboleessa hinajeesu; akka danuu (tasaa) yoo ajjeese immoo Gondoroo qaba. Akka odeefkennitooni hayyu gosaa Gujii (Abbaa Girjaa, Abbaa Galchaa, Abbaa Aanolee, Abbaa Heesaa) fi Hayyeechaawwan Gede'oo (Alamaayyoofi hayyeechaa Hayiluu, Hayyeechaa Jaboo Kuraa) jedhanitti Gujiin Gujii hinajeesu; Gede'os hinajeesu. Gujiifi Gede'oon waldhabanii ennaa walbuqqisan aad-maleedha. Waan aad-malee raawwachuuun immoo gosa yookiin hawaasarraa adda nama baasa. Qaamni waan aad-malee raawwate sirna raawwii Gondorootiin qulqulla'ee hawaasaatti akka deebi'u gochuuf Gondoroon raawwatama. Gondoroon ennaa raawwatame hawaasni akka gareetti waliin jirenyaa duraamitti deebi'a. Nama akka dhuunfaatti yakka ajjeechaa raawwate namatti makuuf, hawaasatti deebisuuf duudhaan Gondoroo akka raawwatamu qorataan afgaaffifi marii garee hayyuwwan Abbaa Gadaa waliin godherraa hubateera. Gondoroon kan raawwatamuuf nama obboleessa ajjeese san qulqulleessanii gara waliin jirenyaa

hawaasummaatti deebisuuf jechuudha.. Gondoroon nama yookiin garee ajjeechaadhan xuraaye qulqulleessuudhan gara hawaasaatti deebisuudha. Gujiifi Gede'oonis obboleeyyii waan ta'aniif waldhabdee keessa hoo seenan nagaa buusuuf Gondoroo raawwatamee araaramu. Gondooron raawwatamee booda lolli ni dhaabbata; nagaan ni bu'a; hawaasni waliin jirenya duraatti deeb'a (odeefkennitoota Abbaa Girjaa, Abbaa Galchaa, Abbaa Heessaafi Hayyeechaa Hayiluu, Hayyeechaa Jaboo Kuraa, Hayyeechaa Alamaayyoo).

4.2.Adeemsa Raawwii Gondoro Gajiifi Gede'oo Gidduutti Raawwatamu

Gondooron uummata Oromoo Gujiifi saba Gede'oo gidduutti raawwatamu adeemsa mulquu osoo hinta'in adeemsa hayyuu gosaa saba lamaanii walitti baasuudhan dubbi qoruu keessa darba (odeefkennitoota Abbaa Heessa, Abbaa Galchaa, Abbaa Aanoleefi kan biroo). Akka ibsa hirmaattooni afgaaffiifi marii garee keessatti kaasanitti uummanni Oromoo Guji duudhaa sirna Gadaatiin bula. Haaluma walfakkaatuun Sabni Gede'oos duudhaa sirna Gadaa Baalleetiin bula. Sirni Gadaa Gujiifi Gede'oo walfakkaata. Lamaanuu wagga sadeet saddeetiin aangoo dabarsu. Fincaan Gadaa kan Guji shan hoo ta'u kan Gede'oo lamaadha. Fincaan jechuun paartii aangoo Gadaa walitti dabarsaniidha. Hawaasni garee lamaanituu duudhaa sirna bulchiinsa aadaa kanaaf bitamaadha. Caasaa hawaasa lamaanii keessattuu sadarkaa olaanaatti abbaa gadaatuu jira. Gujiifi Gede'oon abbaa afuuraa qabu. Abbaan afuuraa (spiritual father) kan Guji Qaalluu hoo ta'u, caasaa sirna Gadaa keessatti sadarkaa olaanaa kan qabuudha. Akka Gede'ootti akka abbaa afuuraatti kan tajaajilan Wayyuu jedhamu. Isaanis gosoota torban Gede'oo keessaa sirna Baallee keessatti hidda dhalootaatiin gosa hundarraa namni tokko tokko filamee Wayyuu ta'a. Sadarkaan aangoo isaanii abbaa gadaatti yookiin hayyuutti aanee kan jiruudha (odeefkennaa ijoo, Hayiluu Bayyanaa). Kunis Qaalluu Gujiitiin adda addummaa qabu jechuudha. Qaalluun caasaa sirna Gadaa keessatti qaama olaanaa hota'u Wayyuun Gede'oo garuu hayyuutti aanee qaama jiruudha. Gama tajaajila isaanitiin hoo ilaalle walfakkaatu. Lamaanuu waqa (maganoo Gede'uffaan) kan kadhatan, hayyuu kan eebbisan, hayyuu qumbii kan nyaachisaniidha. Qumbii damma uumamaa irraa kutamee gaanfa sa'aatti naqamee hayyuun akka dhugu kan ta'uudha. Qaalluufi wayyuu fulduratti muka goggogaa qunceefi damee hinqabne gubbaa dhaabbatanii qumbii kana akka dhugan taasifamu hayyuun. Kunis hayyuun dhugaaf qofa akka dhaabbatan, akka hinsobne, loogii akka hingoone, seeraafi safuu yaa'arratti lallabameen qofa akka hawaasa qajeelchan imaanaa itti kennuudha. Yoo soban, loogii hoo godhan Waaqni (Maganoon) akka mukaa kana damee malee, uffata malee, gogsee nah aa hambisu jechuuf akka ta'e fakkeeffama (Abbaa Galchaa, Abbaa Girjaa, Hayyeechaa Hayiluu).

Sadarkaa olaanaatti gareen lamaanuu abbaa gadaa qabu. Abbaa gadaatti aanee hayyuu gosaatu jira. Hayyuun gosaa kunneen Gujiitti hayyuu abbaa gadaa kan jedhaman hoo ta'u, Gede'ootti immoo hayyeechaa jedhamu. Hayyooni kunneen gosoota jiran keessaa yaa'a Gadaarratti moggaafamu (odeefkennitoota Abbaa Girjaa, Abbaa Galchaa, Abbaa Aanoleefi kan biroo). Akka Gede'oottis hayyeechaawan kan moggaafaman yaa'a songoo irratti gosoota hunda keessaa filatamanii sirna kakuu raawwatani hayyeechaa gosaa ta'u (odeefkennaa, hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa, Jiboo Kuraa). Songoon dhaabbata hawaasummaa Gede'oo (Gede'o social institution) ta'ee godina Gede'oo keessa bakka Songoo 525 tu jira. Songoon hayyeechaa gosaatiin kan gaggeeffamu ta'ee hayyeechaawan kunneen yaa'a gadaa haaraa irratti dhiyaatanii mirkanaa'u (odeefkennaa Hayiluu Bayyanaa)

Walgahii Abbootii Gadaa Gujiifi Gede'oo

Akka hirmaattonni marii gareefi afgaaffiiratti ibsanitti abbaan gadaa uummata Oromoo Gujiifi abbaan gadaa saba Gede'oo walghanii mari'atu. Abbootiin Gadaa Gujiifi Gede'oo walghanii ummanni obboleeyyiin maaliif wallolu?, Maal balleessinaan Waaqayyoon waldhabdee nutti fide? Bara gadaa keenyaa maaliif uummanni obboleeyyan waldhaban? Jedhanii walgaafatu (odeefkennaa Abbaa Girjaa).

Gujii fi Gede'oon walitti hoo bu'an dura abbootii Gadaa lamaantu walgaha. Abootii Gadaa lamaantu waliigalee hayyuu walitti baasu. Lolli akka dhaabbatuufi nagaan akka hawaasa isaan gaggeessaa jiraniif bu'u walghanii mari'atu. Erga lolli dhaabbachuu akka qabu waligalanii booda gara lamaaniyyuu hayyuu baasu. Hayyuun Gujii daarimuufi Kotoma keessaa baha. Kan Gede'oollee akkasuma hayyuu gosaa gosa torban irraa baasu. Hayyuun walgeessee walgaafattee guyyaa murteessu (odeefkennitoota Afgaaffiirratti hirmaatan Abbaa Galchaa, Hayyeechaa Hailu Beyene, Hayyeechaa Jiboo Kuraa Abbaa Girja).

Abbootiin Gadaa Gujiifi Gede'oo waldhabdeen akka garee sabaatti muudate akka dhaabbatuuf itti gaafatamummaa qabu. Abbootiin Gadaa Gujiifi Gede'oo daangaa lafa Gujiifi Gede'oo gidduutti argamu aanaa Gadab, Eddeeraa bakka jedhamutti walghanii waldubbisu. Lolli akka dhaabbatuufi sababa waldhabdeef ka'umsa ta'e hayyooni abbaa Gadaa walghanii akka qoran waliigalu. Kanaaf immoo hayyuu gosaa Gujiifi Gede'oo gosa hundarraa walitti baasu (odee effannoo hirmaattota marii garee).

Falachuу

Hayyuun gosaa Gujiifi Gede'oo waliin taa'anii walfalu. Hayyuun gosaa nama gosa Gujiifi Gede'oo hintaane gosa Waataa keessaa waamu. Hoolaa bitu. Akka odeefkennitoonni afgaaffiidhan himanitti hoolaan wayyuudha. "Mana namaa akka tasaa hoolaan hoo seente dhadhaa adda ishee muudanii baas" (odeefkennaa abbaa Galchaa). Akka yaada odeefkennaa Abbaa Galchaatti, hoolaan qulqulluudha. Dhiigni hoolaa xurii gocha aad-malee raawwatame ni qulqulleessa jedhamee amanama. Guyyaan kun guyyaa falannaa jedhama. Guyyaa falannaa hayyuun saba lamaanii bifuma walfakkaatuun ennaa ibsan:

Hoolaa walitti qalu. Kan Gujii kan Gede'ootti qala; kan Gede'oos kan Gujiitti qala. Nama qalutu jira, Foon hoolaa qalamees nama fudhatutu jira. Foon hoolaa qalamee kana namichuma qale santu fudhatee gala. Galadhuun jedhaniin malee achitti hinnyaatamu. Kan nyaatamu kan gaafa Gondooroon raawwatuuti. Inni dura walitti qalan sun karaa tolchuufi beellama Gondooroo qabachuuf, dhiiga hoolaa saniitiin qulqullaa'uufiidha (Hayyeechaa Hayiluu, Abbaa Girjaa, Abbaa Aanoleefi Hayyeechaa Jiboo Kuraa).

Akka odee kennis toonni marii garee irratti ibsanitti Gujiifi Gede'oon obboleeyyani. Akka duudhaa Gujiifi Gede'ootti obboleeyyiin wal hinajeesan; waldhabdee keessa hinseenaan. Garuu darbee darbee waldhabdeen ennaa muudatu aadaa miti jedhu. Waan aadaa hintaane immoo qajeelchuu barbaachisa. Qajeelchuun yookiin gara aadaatti osoo hindeebisin turame yookiin hafe sabatu bada, balaa hamaa saba lamaanuu miidhu qaqqabiisa jedhanii amanu. Balaa hamaa kana qulqulleessuun aadaa dha. Waan aadaa malee raawwate qulqulleessuuf Gondoroo raawwatu. Adeemsa Gondorootin qulqulleeffamee nageenyi bu'a. Kanaafuu, Gondooroof haala mijeessuuf hoolaa qalanii wal falu jechuudha. Guyyaa falannaa san hayyuun Gujii keessaa walitti bahe hoolaa Gede'ootti qala. Hayyuun Gede'oos Gujiitti qala. Namni hoolaa faloo qalu gosa waataa keessaa kan abbaansaa dur waan akkanaa raawwatu waaman. Foon gara lamaanii qalame hunda waataatu fudhata malee achitti hinnyaatamu. Kan nyaatamu kan gaafa Gondooroon raawwatamuuti. Sababni isaas hoolaan faloof gareen saboota lamaanii walitti qalan kun dhiiga hoolaatiin walqulqulleessuuf kan ittiin falataniidha. Faloodhaaf qalama. Miseensi Gujiifi Gede'oo kamuu foon kana hinnyaatu. Waataan gosa Gujiifi Gede'oo ala waan ta'eef fudhata.

Dubbii Qoruu

Dubbii qoruun adeemsa hayyuun gosaa garee lamaanii waliin ta'uudhan dhugaa barbaaduuti. Adeemsa waan aad-malee ta'e adda baasuudhan falachuuf karaa mijessuuti. Gosoota hunda keessaa hayyooni gosaa walgahanii waan walitti bu'iinsaaf ka'umsa waan ta'e taa'anii akka waliin qoran abbootiin gadaa Gujiifi gede'oo hayyuu isaanitiif dhaamsa dabarsu. Hayyuwwan aadaa walitti dhufan kunneen gosa torban Gujii keessaa hayyuu Daarimuufi Kootoma ta'anii dhiyaatu. Gede'oo keessaa hayyeechaawwan gosoota torbanii yaa'a Songoo irratti dhiyaatanii kakuu raawwatantu dhiyaatu jechuudha.

Odeefkenni Gede'oo keessaa (hayyeechaa Alamaayyoo, hayyeechaa Jiboo Kuraa) akka ibsanitti hayyuun gosaa Gujiifi Gede'oo irraa walitti bahan Aanaa Gadab bakka "Eddeeraa" jedhamutti walgahu. Gadab kan jedhameef duritti ibiddi hamaan toora hunda gubaa dhufee Gadab ennaa gahu dhaame. Bakki sun qabbana qaba jechuun ibsaniiru. Gadab teessuma Qaalluuti. Qaalluun abbaa afuuraa uummata Oromoo Gujiifi Saba Gede'ooti.

Abbootiin Gadaa Gujii Qaalludhan eeb bifamee muudama. Qaalluun abbaa afuuraa uummata Oromoo Gujii (Asebe, 2007). Bakki qaalluun itti argamu immoo Godina Gede'oo aanaa Gadabi. Gadab lafa ulfoodha jechuudha. Hayyoonni aadaa garee lamaanii walghanii dubbi saba lamaan gidduutti jiru, sababa waldhabdee akka sabaatti mudate aanaa Gadab, bakka Edderaa jedhamutti taa'anii qoru (investigate). Hayyuun sabaa dhugaa dabe, waan dhara ta'e, waan aadaa malee ta'e qoranii adda baasu. Ka'umsa waldhabdee uumamee hundeerraadda baasu. Walumaan taa'anii dhugaa erga baranii booda gochaa aadaa malee raawwate falatu. Falachuun waan aad-malee raawwatame qulqulleessuu sirna raawwattuudha (odeefkennaa Abbaa Girjaa). Araaraaf haala mijeessuu sirna faloo raawwatu jechuudha. Haaluma barruu walfakkaataa (Volker, 2007; Kelemework, 2013; Solomon, 2009; Asebe, 2007) keessatti kaa'ameen raawwiin Gondooroo kan adeemsifamu qaamolee hawaasa keessatti gahee duudhaa qabaniin ta'uu ragaaleen afgaaffifi marii garee akkasumas kuusaa galmee aadaa irraa argaman ni agarsiisu.

Araara Buusu

Waldhabdee uummata Oromoo Gujiifi saba Gede'oo hiikuu keessatti raawwii Gondooroo dura araaraatu raawwata. Akka hayyoonni gosaa Gujiifi Gede'oo afgaaffii fi marii garee keessatti kaasan guyyaa araaraa hayyuuwan Gujii sa'a tokko qalu; hayyeechaawan Gede'oos sa'a tokko qalu. Hayyuun Gujii hayyeechaawan Gede'oo galcha (affeera). Hayyeechaawan Gede'oos kan hayyuuwan Gujii Galcha. Sa'a qalan san "galadhuun" jedhanii waliif kenu. Ingichaa (gogaa) sa'a qalamee babbaqaskanii waliif quodu. Ingichicha achumatti gatanii galu; fudhatanii hingalan (hirmaattota marii garee Abbaa Heessaa, abbaa Girjaa, abbaa Galchaa, fi hayyeechaa Hailu Beyene, hayyeechaa Jaboo Kuraa). Gogaa kana tajaajila akka alangee, fe'uma yookiin sa'a ilmamtu ittiin gaadi'uuf hin hoolchan. Kan sa'a araaraaf qalameeti waan ta'eef achumatti gatanii galu.

Guyyaa araaraa booda miseensi saba lamaanii kamuu wal loluu akka dhaabaan ergaan karaa hayyuu gosaa (hayyuu abbaa gadaa) darba. Araarri bu'eera jechuudha. Waldhabuu obboleeyyanii waan aadaa malee ta'eef araara irratti horii walitti qalanii falataniiru. Amma adeemsi itti aanu raawwii Gondoorootiin golobuudha. Kanaafis beellama guyyaa raawwii Gondooroo qabatu. Hanga guyyaan beellamaa Gondooroo gahutti namuu akka dhuunfaatti garee lamaan keessaa lubbuu kan baase karaa hayyuu abbaa gadaa saboota lamaanii waan aadaa raawwatani raawwii Gondooroo irratti dhiyaatu. Lubbuu baasanii dhofkatani Gondooroo irratti hindhiyaatan. Falachuun akka dhuunfaattis ta'ee akka garee sabaatti raawwatee araarri bu'eeti kan raawwii Gondooroo irratti dhiyaatan. Kanaafuu, hanga guyyaan raawwii Gondooroo gahutti hayyuun gosaa gosa hunda keessatti araarri akka bu'u, waan aadaa malee raawwatame akka falatamu gochuudhan raawwii Gondoorootif qulqulleessanii dhiyeessu. As keessatti gahee hayyuu gosaa waan duudhaa raawwachiisuudha. Waan duudhaa raawwatamu gosa keessaa dhufan bakka bu'anii raawwatu. Kunis akka gosti isaanii hundi raawwatetti fudhatama. Araara irratti hayyuun Gujii sa'a qalee hayyeechaa Gede'ootiin galadhuun jedhaan. Hayyeechaan Gede'oos sa'a qalee hayyuu Gujiitiin galadhuun jedhaan. Galadhuun jechuun affeeroedha. (Odeefkennaa Abbaa Galchaa). Akka hirmaattonni marii gareefi afgaaffii ibsanitti kan guyyaa araaraa qalame walumaan nyaatu. Amma araarri bu'eera.

Raawwii Gondoorootiin Mirkaneeffachuu

Raawwii Gondooroo irratti wanti hundi haala seeraafi safuu hawaasaatiin raawwatamuu mirkaneeffachuuf hayyootiin abbootii gadaa “Gondooroon tun qalatteertii?” jedhanii walgaafatu. Hanga gaafa Gondoorootti namni akka dhuunfatti wal ajjeesees karaa hayyuu abbootii gadaa bakka jirutti wal falee qulqulla’ee Gondoroof dhiyaata. Gosni hundinuu bakkuma jirutti walitti qaluudhan walqulqulleessa. Miseensonni Gujiifi Gede’oo gaafa Gondooroo qulqulla’anii haara’anii gammachuudhan eeggatu. Sababni isaa Gondooroo booda yaaddoon nageenyaa hinjiru. Gondooroo jechuun duuba hinjiru; dhumate jechuudha (odeefkennitoota Abbaa Girjaa, Abaa Galchaa, hayyeechaa Hayiluu, hayyeechaa Jiboo Kuraa).

Raawwiin Gondoroo mirkaneeffannaaraa araarii bu’uti. Raawwii Gondooroo irratti abbaan Gadaa uummata Oromoo Gujiifi abbaan Gadaa saba Gede’oo Itittuu okoleedhan yookiin qoriidhan dhiyaate qodaa tokko keessaa waliin dhamdhamu. Itittuu dhiyaate qodaa qorii yookiin okolee keessaa habbuuqqatanii walitti biifu. Akka Itittuu kanaa “qabbanaa’i” waliin jedhanii wal eebbisu. Akka ilaalcha Gujiifi Gede’ootti waldhabdee (wal loluu) akka ibiddaatti ilaalamu. Nagaan immoo akka Itittuutti kan aarii qabbaneessu ta’ee ilaalamu (odeefkennaa Abbaa Girjaa). Uummanni isaanis akka Itittuu kanaatti waliif haa qabbanaa’an jedhanii eebbisu. Gara hawaasa sirna Gondoroo irratti hirmaataa jiruuttis ni biifu. “qabbanaa’aa!” jedhanii eebbisu. Damma okkoteedhan dhiyaates waliin dhamdhamanii walitti biifu. Uummanni isaan gaggeessan akka damma kanaa walitti haa mi’aa’u jedhanii eebbisu. “Damma ta’aa; walitti mi’awaa” jedhanii eebbisu. Nagaan akka dammaa kan mi’awu; akka itittuu kan nama qabbaneessu ta’ee fakkeeffama. Gondoroo booda hawaasni Gujiifi Gede’oo jaalalaafi waliif ciisuudhan (wal danda’uudhan) akka waliin jiraatan eebbisuu isaaniti.

4.3.Gahee Raawwachiistota Raawwii Gondooroo

Raawwiin duudhaa Gondooroo bu’uuruma sakatta’ a barruu walfakkaataa keessatti Volker (2007) kaa’een waldhabdeen uumame karaa qaamolee hawaasa keessatti duudhaa raawwachiisanii adeemsifama jechuudha.

Qaalluu

Sirna gadaa keessatti Qaalluun abbaa afuuraati. Akka odeefkennitooni (Abbaa Girjaa, Abbaa Galchaa, Abbaa Heessaa) ibsanitti hawaasa Oromoo Gujiifi biratti Qaalluun lafarratti akka bakka bu’aa Waaqaatti ilaalamu. Bulchiinsa aadaa keessatti abbaan gadaa kan muudamu Qaalluudhaani. The Qallu is recognized by the Gada officials as supreme structure in the system. No Abba Gada or his advisors will be legitimate unless they get recognition and blessing of the Qallu leader (Hinnant: 1977: 198). Adeemsaa raawwii Gondooroo keessa Qaalluun jira. Abbootii Gadaa duuka deema. Guyyaa araara Gondooroo Qaalluun irratti argama. Qaalluun raawwii duudhaa Gondoroo irratti argamuun araarichi kan dhugaafi fulla’aa ta’aa jedhamee amanama. Qaalluun raawwii Gondoroo irratti argamuun namuu araara booda akka haloof wal hinbarbaanne taasisa. Sababni isaas nama haloo qabate, nama araara diige Qaalluun ni abaara jedhamee sodaatama. “Qaalluun hoo nama abaare ni balleessa, guyyaa tokko hinoolchu” (odeefkennaa Abbaa Galchaa, abbaa Girjaa). Gama Gede’ootin immoo araara Gondoroo irratti kan eebbisu Wayyuun jiru. Isaanis akkuma Qaalluun gaheen isaanii hayyuu eebbisuu, dhugaaf akka dhaabbatan kaksiisuudha. Waayyuun hayyuu qumbii nyaachisuudhan haqaaf akka dhaabbatan taasisa. Raawwii Gondoro Gujiifi Gede’oo gidduutti raawwatamu irratti Qaalluufi Wayyuun argamuun araarichi ful’aa akka ta’u taasisa jedhamee amanama. Bakka isaan jiranitti waan raawwateef nama haloo qabate, garee araara diige Waaqni ni balleessa jedhamee amanama.

Uummanni Oromoo Gujiifi abbaa afuuraa Qaalluu qaba. Abbaan afuuraa kun waqaafii uummata Oromoo Gujiifi kan walqunnamsiisuufi uummaticha daandii waqaayyoorra kan qajeelchuudha. Uummanni

Oromoo Gujii Waaqayyoon lafarraa fagaatee samiirra waan jiruuf uummata Gadaadhaan buluuf Qaalluu erge jedhanii amanu (Asebe, 2007). Akka odeeckennitooni afgaaffifi marii garee irratti bifa walfakkaatuun ibsanitti Qaalluun sadarkaa caasaa hawaasa Gujii keessaa isa aangoo olaanaa qabuufi sodaattamuudha. Waan gumiin abbootii gadaa murteessan san namni kamuu fudhatee ittiin jiraata. Sababni isaas araricharratti Qaalluun waan jiruuf sodaatama. Qaalluun lafarratti bakka bu'aa Waaqaati waan ta'eef baayyee kan sodaatamuufi kan kabajamuudha. Kanaafuu uummanni Oromoo Gujii yaa'ii Gadaa irratti dhimmoota safuufi seera ta'anii murtaa'an kan kabajaniif, waan abbootiin gadaa jedhan kan dhaggeeffataniif afuura Qaalluu sodaataniiti. Abbaan gadaa Gujii Qaalluudhan eeb bifamee waan muudamuf hawaasa keessatti fudhatama qaba.

Abbaa Gadaa

Abbaan Gadaa bulchaa aadaati. Adeemsa raawwii Gondoroo keessatti Abbaan gadaa hayyuu gosaa baasa. Akka Gujiitti abbaan Gadaa Guji, hayyuu Daarimuufi kootomaa baasa. Akka Gede'ootti immoo hayyeechaawan gosaa “*shone baaxee*” fi “*Seesaa Baaxee*” jedhaman jiru. Isaantu walitti bahee dubbii qoru, falanna gaggeessu, araaraaf haala mijeessu, Gondoroo raawwachiisu jechuudha. Abbaan Gadaa Hayyuufi yuuba isaa ergee qorachiisee waan aadaa raawwachiisanii nagaa akka buusan erga. (Gannaalee Tikkee, Abbaa Galchaa, Abbaa Girjaa). Abbootiin gadaa Gujiifi Gede'oo walghanii araara jedhu. San booda hayyuun gosaa Gujiifi Gede'oo gosa hundarraa walitti bahanii hoolaa faloo walitti qaluudhan wal falu.

Hayyuu Gosaa

Hawaasni Oromoo Gujii hawaasa caasaa sirna Gadaatiin caaseeffameedha. Akka hayyoonni abbaa gadaa marii gareerratti jedhanitti Gujin gosa torba qaba. Gosti torbanuu hayyuu gosaa mataa isaanii qabu. Hayyuun kunneen kuun kootoma hoo ta'an kuun immoo Daarimuudha. Torban keessaa afur kootomaa hoo ta'an sadi immoo Daarimuudha. Daarimuun *Galaalchaa Mettaa, Angeetuu Muxxii, Daraartuu Baabbaa* hoo ta'an hayyuun Kootomaa immoo *Waajituu Baddaa, Sabboortuu Gaallee, Gola Adaaltuu fi Haloo Hangaatuuti*. Duudhaa nagaa buusuu keessatti hayyuun Daarimuufi Kootomaa walii ta'anii dubbii qoru malee hayyuun gosa tokkoo Daarimuu yookiin Kootomaa qofti dubbii qoree hinaraarsu. Akka odeeckennitooni (abbaa Girjaa, Abbaa Galchaaifi abbaan Aanolee) jedhanitti hayyuun gosa tokko keessaa walitti bahe qofti dubbii garee lamaa hinqoru aadaa miti. Dubbiin yookiin dhimmi araaraa kan qoramtu hayyuu Daarimuufi Kootomaatini. Sabni Gede'oos gosa torba kan qabu hoo ta'u gosoorni hundinuu hayyeechaa (hayyuu) mataa isaanii qabu.. Hayyoonni abbaa gadaa seeraafi safuu hawaasichaa siriitti kan barataniifi hawaasni beekumsa isaanitiif iddooyuddaa kan kennuudha. Hawaasa keessatti gahee nagaa buusuu kan taphatu isaani. Hayyuun gosaa baattuufi Yuuba jedhaman kunneen gosa torban Gujii keessatti Daarimuufi Kootoma bakka bu'anii tajaajilu. Namoota gadaa booda jiran gosa torban Daarimuufi Kootoma keessaa filatamanii yaa'arratti hayyummaan isaanii mirkanaa'a. Yaa'arratti maqaa tajaajila argatu (maqaa yaa'a gadaa). Maqaa yaa'aa kanaan tajaajila aadaa isaaniin raawwatamu raawwatu.

Waataa

Waataan: Gosa Gujiifi Gede'oo kan hintaane. Gosti waataa uummata Oromoo Gujiifi Gedeoo keessa kan jiraatan, garuu garee Gujiifi Gede'oo kan hintaaneedha. Gosti waataa caasaa hawaasummaa Gujiifi Gede'oo keessa kan hinjirre, garuu raawwii Gondoroo akka nama dhuunfatti raawwatamu keessattis ta'ee Gondoroo akka garee sabaafi sabaa gidduutti raawwatamu keessatti nama ajjeechaa raawwate dhiiga hoolaatiin kan dhiqu, mulqee qulqulleessee raawwii Gondorootiif kan qopheessu waataadha. Waataan hoolaa faloo kan qaluufi foon hoolaa falooq qale kan fudhatu, namichi gochaa ajjeechaa raawwate wayita gochicha raawwatu uffatee kan jiru, meeshaa ittiin ajjeese qawweellee hoo ta'e

Waataatu irraa fudhata. Gaheen waataa nama nama ajeese mulquu, qulqulleessuu, dhiiga hoolaatiin namicha nama ajeese dhiquu, hoolaa faloo qaluudha.

4.4.Raawwii Gondooroo Keessatti Gochaalee fi Hiikkaa Duudhaa Qaban

Gochaaleen duudhaa Gondoroo keessatti raawwataman sakatta'a barruu keessatti ibsameen Paul O, Adewale, A. Olutola (2016); Kelemework (2013) walfakkaata. Akka hawaasa Gujiifi Gede'otti obboleessi obboleessa hoo ajeese faloo qaba. Akka hayyooni aadaa Gujiifi Gede'oo (Abbaa Girjaafi hayecha Hayiluu Bayyanaa) ibsanitti obboleessi obboleessa ajeesun aadaa miti; akkasumas Gujiifi Gede'oon obboleeyyan waan ta'aniif wal ajeesun yookiin walbuqqisunis aadaa miti. Waaqni (*maganoo Gede'uffaan*) gocha walajeesuu hinjaalatu. Gochaa waaqni hinjaalanneefi aadaa malee raawwatame ariitiin qulqulla'u baannan dhiiga cirata jedhanii amanu. Dhiiga cirata jechuun dhiigni hamaan namatti darba jechuudha. Akka odeeckennitoonni afgaaffifi marii gareetiin himanitti dhiigni hamaan akka qulqulla'u namatti akka hindabarre nama obboleessa ajeese yookiin akka garee hawaasaatti garee Gujiifi Gede'oo wal ajeesan (wal buqqisan) hoolaa faloo itti qalamee dhiiga hoolaatiin dhiqan. Dhiigni hoolaa waan aadaa malee raawwatame ni qulqulleessa jedhu. Dhiiga hoolaa faloof qalamee kanaan cubbuu (waan aadaa malee) qulqulleessu jechuudha.

Tiruu Wajjin Nyaachuu

Akka odeeckennitoonni marii garee (Abbaa Galchaa, Abbaa Heessaa, Abbaa Girja, Abbaa Aanolee) ibsanitti guyyaa araaraa hayyuun gosaa Gujiif sa'a tokko qala. Haaluma walfakkaatuun hayyuun gosaa Gede'oos sa'a tokko qala. Foon sa'a qalamee keessaa Tiruu wal nyaachisu. Hayyuun gosaa Gujiif fi Gede'oo Tiruu afaan walkaa'u. Hayyuun gosaa Gede'oo kan Gujiif galcha. Hayyuun gosaa Gujiis hayyuun gosaa Gede'oo galcha (affeera). Hayyuwwan gosaa Gujiifi Gede'oo dabareedhan tiruu wajjin nyaatu. Akka odeeckennitoonni afgaaffifi ibsanitti tiruu wajjin nyaachuun kan agarsiisu Gujiifi Gede'oon obboleeyyan ta'uu ibsuuf tiruu waliin nyaatu. Tiruu wajjin nyaachuun obbolummaa dura turetti deebi'uua isaanii mirkaneessuuf akka raawwatan hayyooni gosaa marii gareefi afgaaffifi irratti hirmaatan ibsanii. Araara buusanii gara obboleeyyan tiruu tokkootti deebi'uua agarsiisuuf tiruu dullacha araaraaf qalamee waliin nyaatu jechuudha.

Ingichaa (Gogaa sa'a qalamee) waliif Qooduu

Akka odeeckennitoonni qorannoo hayyuwwan gosaa Gujiifi Gede'oo ibsanitti guyyaa araaraa Gujiif sa'a tokko qala; Gede'oonis sa'a tokko qala. Foon sa'aa keessaa Tiruu afaan walkaa'u. Ingichaa (gogaa sa'aa) immoo babbaqaskanii waliif qoodu. Gujiif Ingichaa sa'a qalee san babbaqaskee Gede'oof kenna. Gede'oonis ingichaa sa'a qalee babbaqaskee Gujiif kenna. Akka odeeckennitoonni afgaaffifi marii garee keessatti kaasanitti Ingichaan sa'a araaraatin karra hingodhatan. Elemtuufi alangee hingodhatan. Sababni isaas gogaan kun kan sa'a yeroo nagaa hinqalamne waan ta'eef akka hinyaadatamneefidha. Ingichaa achumatti gatanii galuun waan hamtuu garee waldhabanii gidduu turte achumatti gatanii galuudhan irraanfachuudha.

Itittuu fi Damma Okkotee tokko keessaa wajjin Dhuguu

Raawwii Gondoroo irratti abbaan gadaa Gujiifi abbaan gadaa Gede'oo Itittuu Qoriidhaan dhiyaate waliin dhugu. Akka hayyooni gosaa Gujiifi Gede'oo marii gareefi afgaaffifi irratti hirmaatan jedhanitti abbootiin gadaa Gujiifi Gede'oo Itittuu waliin dhuguun waliif qabbanaa'u agarsiisa. Abbootiin gadaa hawaasa garee lamaanii bakka bu'u waan ta'eef raawwii Itittuu waliin dhuguu kana booda hawaasni garee Gujiifi Gede'oo waliif qabbanaa'u agarsiisa. Miira waljibbuufi aarii irraa gara miira waljaalachuufi dhiifamaatti cehaniiru jechuudha.

Haaluma walfakkaatuun raawwii Gondoroo Gujiifi Gede'oo irratti abbootiin gadaa Gujiifi Gede'oo damma okkoteedhan dhiyaate waliin dhamdhamanii walitti biifu. Hawaasa raawwii Gondoroo irratti taa'ettis biifu. Akka odeefkennitoonni marii gareefi afgaaffii irratti hirmaatan ibsanitti dammi waljaalachuu, walitti mi'aa'uu agarsiisa. Akka dammaatti walitti kan mi'aayan ta'uu agarsisuuf raawwatu. Waliif dhiisuufi araaramuu isaanii mirkaneessuuf raawwatu.

4.5. Gondoroo Akka Fakkoomina Nageenya Fulla'aatti

Akka ragaan afgaaffiifi marii garee hayyoota aadaa Gujiifi Gede'oo irraa argametti Gondooro booda walitti deebi'anii wal loluun hinjiru. Akka ilaalcha hawaasichaatti Gondoroo booda waldhabdeetti hoo deebi'ame "dhiigatu cirata" jedhama. Dhiigni hoo cirate hintolu; ni qomaaxa'u, ni ajaa'u, sanyiit badha jedhamee amanama. Kanaafuu, Gondooroon kan godhamuuf kan du'eef osoo hinta'in kan jiru akka dhiigni hincirre, hinciccinne, akka sanyiin hinbanne, dhaloонни itti aanu akka hinbanneef raawwatu. Fuuldua tolfachuuf raawwatama. Akka hawaasaattis qulqulla'uudha. Gondoroo booda walhammachuu malee hoomtuu hinjiru (Gannaalee Waaree, Abbaa Galchaa, Abbaa Girjaafi kan biroo).

Gondooroon Gujiifi kan Gede'oo raawwatamee hoo jedhu namoonni buqqa'an kan Gujiilee hangafa buqqa'eera, kan Gede'oollee buqqa'eera. Hundinuu mana mana ofiitti gala. Qa'ee ofiitti gala. Mana walii ijaara. Olla ollaadhan mana walii ijaara. Walhammata. Walgargaaree jirenya duraanitti deebi'a. intala walii fuudha. Tasuma wal sodaafi haloon hinjiru (Natiroo gannaalee, Abbaa Heessaa, Jaarrraa waaree).

Gondooroon kan raawwatamuuf araara booda gosa keessatti dhiigni ciratee akka hinhafneefidha. Sanyiin itti aanu akka hinbanneefidha. Gondooro raawwachuun gochaa aad-malee raawwatame qulqulleessuudhaan tooftaa haaromsuti jechuudha. Gondooroon raawwatee booda wal hammanatu jira. Wal hammanaan gareen saboota lamaanituu bakka jirutti walhammata; mana walii ijaara; intala waliif kennee soddooma. Walshakkiin tokkollee akka hinjirre hayyooni aadaa afgaaffii fi marii garee irratti hirmaatan ragaa bahu. Qajeeltoon duudhaa Gondooro keessa jiru " obboleessi obboleessa hinajeesu; hoo aijees Gondooro qaba" jedhu. Kanaafuu, raawwiin Gondoroo akka fakkoomina nagaa fulla'aati jechuudha. Gondoroo booda waliin jirenya gammachuu malee haloon, walgaarreffannaafi diinummaan hinjiru.

5. Xiinxala Waliigalaa

Raawwiin araaraa karaa duudhaa raawwatamu hawaasa aadaafi duudhaa waliin qodatan keessatti hojiirra oola. Barfield, (2004) duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu kan irratti hundaa'u hawaasa aadaafi sona walfakkaataa qaban yookiin hawaasa duudhaa waliin qoodatan keessatti akka ta'e kaa'eera. Uummanni Oromoo Gujiifi sabni Gede'oo ragamtaa isaanii keessatti akka obboleeyyii akka ta'an ibsama (Asebe, 2007, Solomon, 2009, Asnake, 2004). Duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuuf gahee guddaa kan taphatu hirmaachisaafi sona hawaasni waliin qoodatu waan qabuuf akka ta'e Ajanaw Alemie (2018) ibsee jira. Duudhaafi aadaa waliin qodatan qabaachuun karaa duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuuf gahee guddaa qaba jechuudha. Raawwii duudhaa Gondoroo uummata Oromoo Gujiifi saba Gede'oo gidduutti raawwatamu hirmaachisaadha. Gosoonni Gujii torban hayyuu gosaa Daarimuufi Kotomaan bakka bu'anii raawwii Gondoroo keessatti hirmaatu. Hayyuun gosaa Gede'oos gosoota Gede'oo torba keessaa bakka bu'anii raawwii Gondoroo keessatti hirmaatu. Gosti hundinuu karaa hayyuu gosaa bakka bu'u jechuudha. Kanaafuu, raawwiin duudhaa Gondoroo hawaasa obboleeyyan, kan aadaafi duudhaa waliin qodatan Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwatamu toofaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuuf duudhaa Gujiifi Gede'ooti jechuudha. Gondoroon kan raawwatamus waldhabdee obboleeyyan gidduutti muudate dhaabuufi nagaa buusuuf adeemsota walubbisuu abbootii gadaa Gujiifi Gede'oo, falachu, dubbii qoruu, araara buusuufi Gondoroo raawwachuutiin xummuruu qaba.

Raawwiin Gondooroo kan raawwatamuuf akka dhuunfaatti obboleessi obboleessa hoo ajjeese. Akka gareetti Gujiifi Gede'oon ennaa waldhaban raawwatama. Akka ilaalcha hawaasa garee lamaanitti obboleeyyan waldhabuuun aadaa miti. Waan aadaa hintaane raawwachuun immoo waqaq gaddisiisuudha. Gondoroon hinraawwatamne hoo ta'e hintolu jedhanii amanu. Dhiiga hamaatu hawaasa keessa deema jedhanii amanu. Kanaafuu, hoolaa qalanii qulqulleessu. Dhiigni hoolaa dhiiga hamaa ni qulqulleessa jedhanii amanu. Kunis duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu afuura hariroo namaafi waaqaa gidduutti cabe sirreessuu dha (Kealotswe, n.d.; Mbiti, 1991) kan jedhuun walfakkaata.

Haaluma walfakkaatuun namni yookiin gareen obboleessa ajjese hawaasa keessaa baha. Hawaasaatti deebisuuf Gondoroon raawwatama. Kaayyoon duudhaa waldhabdee dhaabuufi ngaa ijaaruu hariroo cabe bakkatti deebisuu, badii ofii amanuu, dhiifama gaafachuufi dhiifama gochuu, haqa baasuu, safuufi sona hawaasaa keessaa kan bahan gara hawaasaatti deebisuu, diinummaa dhaabuufi nagaa amansiisaa buusuudha (Brock-Unite, 2001). Uummanni Oromoo Gujiifi sabni Gede'oo barootaaf waldhabdee wal waliinii isaan muudatu raawwii Gondorootiin hiikkachaa as gahan. Kanaafuu, Gondoroon duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu Gujiifi Gede'ooti jechuudha.

Raawwiin Gondoroos uummata Oromoo Gujiifi saba Gede'oo raawwachiistota hawaasa keessatti gahee duudhaa qabaniin raawwatama. Caasaa Hawaasa Oromoo Guji keessatti Qaalluun sadarkaa olaanaadha. Abbaan Gadaafi Gorsitooni (hayyuun abbaa gadaa) Qaaluun eebbisu malee aangoo hinfudhatan. Qaamoleen raawwii duudhaa Gondoroos keessatti gahee taphatan caasaa hawaasichaa keessatti kanneen gahee aadaa qabaniidha. Akka odeefkennitooni marii gareefi afgaaffii irratti hirmaatan ibsanitti qaamoleen raawwii Gondoroos keessatti gahee taphatan itti gaafatamummaa aadaa qabu. Hawaasnis baayyee isaan kabaja. Hawaasnii waan isaan jedhan amanee hojjirra oolcha. Akka ragaa odeefkennitooni marii gareefi afgaaffiin ibsanitti waan qaamoleen caasaa hawaasaa keessatti gahee qaban kunneen jedhan namuu hindidu. Namni waan isaan jedhan raawwachuu dhiise ni bada jedhanii amanu. Hawaasichis nama yookiin garee qaamolee raawwachiistota duudhaa kanneen kabajuu dide akka safuu cabsetti hubata. Qaama safuu hawaasaa cabse immoo of irraa adda baasa.

Raawwiin Gondoroos hawaasicha biratti dhiiga hamaa qulqulleessa jedhamee amanama. Akka ilaalcha uummata Oromoo Gujiifi saba Gede'otti raawwiin Gondoroos mallattoo waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuuti. Adeemsi raawwii Gondoroos Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwatamu keessa darbu walgahuu abbootii gadaa Gujiifi Gede'oo, falachu (dhibaayyu qaluu), dubbii qoruu, araara buusuu fi Gondoroodhan golobuudha. Adeemsi kun adeemsa wanta aadaa malee raawwatame adda baasuu, dhugaafi dhara adda baasuu, falachuudhan dhiiga hamaan akka hawaasa hinballeessine gochuu, cubbuu qulqulleessuufi hawaasa haaromsuudhan walitti deebisuudha. Gondoroon mallattoo qulqulla'uuti. Gondoroos booda hawaasnii walitti deebi'a; walshakkuufi walloluun hinjiru. Akka ilaalcha hawaasa uummata Oromoo Gujiifi saba Gede'otti Gondoroos duuba waliin jiraachuu malee hamaan tokkollee hinjiru.

6. Golobaafi Yaboo

Argannoq qorannoo kanaa raawwiin Gondoroos yaadama adeemsa duudhaatiin waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuun hawaasa aadaafi duudhaa waliin qoodatan keessatti hojjirra oola kan jedhu yaada qorattoota (Barfield, 2004; Gumi, 2016; Asebe, 2007) kan walsimuudha. Uummanni Oromoo Gujiifi sabni Gede'oo durii kaasee hanga har'aatti waldhabdeen hoo isaan muudate raawwii Gondorootiin nagaa buusuun aadaadha. Raawwiin duudhaa Gondoroos waan aadaa malee raawwatame kallattii aadaatti deebisuuf raawwii duudhaa raawwatamu ta'u qorannoo kanaan mirkanaa'eera.

Duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu hojiirra kan oolu hawaasa duudhaa, safuufi seera hawaasaa walfakkaataa qaban keessti hoo ta'u uummanni Oromoo Gujiifi sabni Gede'oo ragamtaa isaanii keessatti obboleeyyan ta'uu amanu. Akka aadaa isaaniitti obboleeyyan waldhabdee keessa hinseenaan. Akka tasaa obboleeyyan hoo waldhabdee keessa seenan gara nagaatti deebisuuf Gondoroo raawwatu. Raawwiin Gondoroo waan aadaa malee raawwatame qulqulleessee haaromsa jedhanii amanu. Ilaalchi kun uummata uummata Oromoo Gujiifi saba Gede'oo biratti haaluma walfakkaatuun kan hubatamaa jiru ta'uu qorannoo kanaan ifa ta'eera.

Wabiilee

- Asebe Regassa. (2007). *Ethnicity and Inter-ethnic Relations: The Ethiopian Experiment and the Case of the Guji and Gedeo*. (M. Phil Thesis, Faculty of Social Sciences, University of Tromsø, 2007).
- Ashebir Tadesse. (2023). Gondoro as a social capital: Analysis of an Indigenous Conflict Resolution and peace building practice of the Guji and Gede' peoples. *Ethiopian Journal of Environment and Development*. Vol. 5 No. 1.
- Asmarom Legese. (1973). *Gada: Three Approaches to the Study of African Society*. New York: The Red Sea Press.
- Asnake Kefale. (2004). *Federalism: Some Trends of Ethnic Conflicts and their Management in Ethiopia*. Ina. G. Nhema, editor. The Quest for Peace in Africa: Transformations, Democracy and Public Policy. Utrecht: International Books.
- Brock-Utne, B. (2001). Indigenous conflict resolution in Africa. *A draft presented to the week end seminar on indigenous solutions to conflicts, Institute for Educational Research, University of Oslo, Norway*.
- Cohen, L. (2007). *Research Methods in Education* (6th ed.). London and New York, NY: Routledge Falmer.
- Creswell, J. W. (2003). *Research design: quantitative, qualitative and mixed approaches* (2nd ed.). London: Sage publications.
- Creswell, J. W. (2007). *Research design: quantitative, qualitative and mixed approaches* (2nd ed.). London: Sage publications.
- Endalew, L. (2014). Ethiopian customary dispute resolution mechanisms: forms of restorative justice? *African Journal of Conflict Resolution*, 14(1), 125-154.
- Hinnant, J. C. (1972) *Guji of Ethiopia*. New Haven: Human Relations Area Files, Inc.
- Hinnant, J.C. 1977. *The Gadaa System of the Guji of Southern Ethiopia*: University of Chicago Press.
- Kelemework Terefe. (2013). Conflict and alternative dispute resolution among the Afar pastoralists of Ethiopia. *African Journal of History and Culture*, 3(3), 38-47.
- Kelemework, Terefe. (2011). Conflict and alternative dispute resolution among the Afar pastoralists of Ethiopia. *African Journal of History and Culture*, 3(3), 38-47.
- Murithi, T. (2006). Practical peacemaking wisdom from Africa: reflections on Ubuntu. *The Journal of Pan African Studies*, 1(4), 25-34.

- Osei-Hwedie, K. & Rankopo, M. J. (2012). Indigenous conflict resolution in Africa: the case of Ghana and Botswana. *IPSHU English Research Report Series*, 29, 33-51.
- Bello, P. O., & Olutola, A. (2016). Indigenous Conflict Resolution Mechanisms in Africa: Lessons Drawn for Nigeria. *Bangladesh E-Journal of Sociology*, 13(2), 70-88
- Patton, M.Q. (1915). *How to Use Qualitative Methods in Evaluation*. Newberry Park, CA: Sage Publications.
- Putnam, R. D. (1993). Bowling alone: America's declining social capital. *Journal of Democracy* Vol. 6, 1, 64-78.
- Solomon Hailu. (2009). *A History of the Gedeo, 1941-2000*. (MA Thesis, Department of History and Heritage Management, School of Graduate Studies, Addis Ababa University, 2009).
- Strauss and Corbin, (1998). *Basics of Qualitative Research: TECHNIQUES AND Procedures for Developing Grounded theory*: Sage Publication, Inc.
- Volker, B. (2007). Potential and Limits of Traditional Approaches in Peacebuilding. Australian Centre for Peace and Conflict Studies. *The Occasional Papers*, (2007) <http://berghof-foundation>.